Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Gaaffilee iyyata Torbee COVID-19 (vaayiraasii koronaa)

Hojjettootaa fi qacaramtoota COVID-19 dhan miidhamaniif seeroonni yeroo hattattaamaa hojii irra oolanii jiru. Bal'iinaan fuula COVID-19 irraa baradhaa.

Odeeffannoo barbaachisoo *(kan haaromfame Hagayya 5, 2020)*

- Akka qaama seerota yeroo hatattamaa COVID-19 'tti, "waiting week" (torbeen eegumsaa) iyyatawwan Bitootessa 8, 2020 booda galfameef dhiifamee jira.
- Hojii barbaadun amma fedhii irratti kan hundaa'edha. Sochiilee barbaacha godhuu dhiisuu gabaasun faayidaa kee hin tursiisu.
- Karaa sarara irraan galchuun bilbilaan galchuu irra baay'ee saffisaa dha. Sababa fedhiin dabaleef, bilbila garmalee hedduutu nu qaqqabaa jiru, kanaaf maamiltootni hedduun sarara argachuu hin danda'an.
- Gaaffilee iyyata torbee Inshuraansii Hoji-dhabdummaa (Unemployment Inshurance, UI) baratamaa armaan gadiitti dabalatee, Gargaarsa Hojii Dhabdummaa Yeroo Weerara Dhibee (Pandemic Unemployment Assistance, PUA) iyyattoonni Faayidaa dabalataa argachuuf seera qabeessummaa mirkaneessuf gaaffilee dabalataa deebisuu qabu. Kuni ulaagaa seera fedeeraalati.

Gara fuula gaaffilee seera-qabeessummaa PUA fi qajeelfamaadeemaa.

Gaaffilee iyyata torbee kee irraatti gaafannu

Gaaffileen nuti iyyata torbee kee irratti gaafannu, sarara irraa yookin bilbilaan galchitus wal fakkaata dha.

- Guyyaa hunda hojiidhaf qaaman jabaa turtee akksumas hojii irratti argamtee?
    - Sababa COVID-19 dhan daldalli cufamnaan yookiin balaa COVID-19 dhan qabamuu guddaa qabaachudhaan akkasumas akka adda-of-baastu waan gorfamteef hojii dhabaa taatee yoo jiraatte, ammallee gaaffii kanaaf “Eeyyen” jettee deebisuu qabda.
- Yeroo torbee amma himachaa jirtu kanaa akka ajajamtetti sochii hojii barbaaduu si'aawaa gootee?
- Gaaffiin eeggattummaa kee yoo mirkanaa'e malee, faayidaalee hojii dhabdummaa argachuun hojii barbaaduu si'aawaa godhuu si gaafata.

- **Yeroo weerara COVID-19 kana irraatti ulaagaalee barbaacha hojii guutuf yaadonni si gaargaran kunooti:**
    - Hojiiwwaniif karaa WorkSourceWA.com iyyadhu.
    - Iyyannoowwan karaa toorawwan sakatta'oo xiqqoo eeruf, kan akka Indeed, CareerBuilder fi Monster galchi.
    - Qacartoota ati beektu kan hojiiwwan fuulduraatif qacaraa jiraniif bilbiluu.
    - Yaa'iwwan virchuwaalaa jiran kan WorkSource dhan dhihaatan xumuuruu.
    - **Yaddaanno:** Hojiiwwaan ati irratti iyyattu kan duraan muuxxanoo, leenjii fi barumsa irratti qabdu ta'uu qabu. Kuni hojii mijaawaa jedhama
    - Nuti seera-qabeessummaa hojii dhabdummaa torbee yeroo murteessinu, carraaqqiiwwan hojii barbaadudhaaf godhaman kamiyyuu yaada keessa ni galchina.
- Yoo gaaffii waa'ee hojii barbaaduu si'aawaatif "eeyyee" deebistee fi ulaagaaleen hojii-barbaaduu sii hin dhiifamne, gaaffii dabalataa ni gaafatamta. Work source ykn American Job Center Isteetii biroo keessaa irratti torbee hunda si'a barbaachisaa ta'eef qacaraa qunnamuu yookin sochiilee qaaman argamuun gochuu, fi odeeffannoo kana galmee barbaacha-hojii kee irratti galmeessuu kee mirkaneessuu qabda.
- Iyyattoonni Isteetidhaan ala jiranis torbee itti iyyatan hundaaf qunnamtiiwwan hojii-barbaaduu galmeessuf qophaa'oo ta'uu qabu.
- Qunnamtiiwwan qacaraatif, qunnamtii qodhame hundaaf, galmee barbaacha Hojii kee irraa wantoota armaan gadii akka dhiheessitu ni gaafatamata: guyyaa, maqaa daldalaa hojii fi teesso guutuu ta'e; lakkoofsa bilbila daldalaa ykn imeelii, qunnamtichi akkamitti akka godhame; nama qunnamte; fi gosa hojii barbaadaa turte.
- Sochiilee qaaman argamuun (WorkSource ykn American Job Center isteetii biraa keessa jiru) irratti godhamaniif, tokkoon tokkoon sochiitif kan armaan gadii galmee barbaacha-hojii kee irraa akka dhiheessitu ni gaafatamta: guyyaa, waajjirichaa fi ibsa sochichaa.
- Hojii sii kenname diddee ykn Gaaffii fi deebii hojiif karoorfame irraa haftee?
- Beenyaa hojjettootaatiif ykn miidhamtoota yakkaaf iyyattee ykn fudhattee jirtaa?*
- Jijjiirrama sooramaatif iyyaattee ykn argattee jirtaa?*
- Guyyaa torbee itti iyyataa jirtu kamiifuu kaffaltii boqonnaa ayyaanaa qacaraa kee yeroo hundaa irraa fudhattee ykn ni fudhattaa? *
- Guyyaa torbee itti iyyataa jirtu kamiifuu kaffaltii boqonnaa bashannanaa fudhattee ykn ni fudhattaa?*
- Guyyaa torbee itti iyyataa jirtu kamiifuu, kaffaltii yeroo akeekkachiisaa ykn kaffaltii qacarrii addaan kutuu fudhattee ykn ni fudhattaa??*
- Tajaajila mana murtii irratti tajaajiltee?*
- Walitti fufiinsan sa'aatiwwan 72 oliif Eeggataa Loltuu keessatti ykn Eegumsa Biyyaalessaa keessatti dirqama baatee?*

- Hojii ofiin of-qacaruu keessatti hojjettee?*
- Torban darbe qacaraa kamiifuu hojjettee?*

*** Galiiwwan torban itti fudhatte keessa osoo hin taane, torban itti argatte keessa gabaasi.** Hamma dimshaasha hir'attoota dura jiru gabaasi. Hojii mataa keetitiif, galiiwwan callaa gabaasi. Akkasumas sa'aatiwwanii fi guyyoota waliigalaa galiiwwan itti argattes ni gaafatamta

Chaartii Hir'attoota Galiiwwanii

Galiiwwan kee torbaanii irraa hammam akka hir'atu beekuf kan si gargaaru Earning Deduction (chaartii hir'attoota galii) ammaa buusuu dandeessa.

Yoo torban keessa hojjatte kanneen armaan gadii dhiyeessuf qophaayi:

- Hamma galii torbaan sana argattee hanga yoonaallee siif kaffalamuu baatus. (Galiiwwan beenyawwan tajaajiloota dhuunfaatiif argatte hunda dabalata, gatiiwwan humnaa, koomishiniiwwan fi kennaawwan, gatiin maallaqaa beenyaa bifa callaatin alaa kamiinuu kaffalame, akkasumas gatii gorsawwanii fudhatama qabu dabalata)
- Torbicha keessa sa'aatiwwan meeqa hojjette.
- Maqaa daldala qacaraa keetii.
- Teessoo guutuu qacaraa keetii.
- Guyyaa torbee kana hojii itti eegalte.

Erga galiiwwan kee galchitee booda

"Torbee dhufu qacaraa walfakkaatadhaaf hojjechuu yaada qabdaa?" jedhamtee ni gaafatamta. Yoo deebiin kee lakkii ta'e, sababa kennuu qabda:

1. Hojii dhabuu
    - Fakkeenyaf, qacarichi waan cufameef yookan sababa yeroo weerara COVID-19 daldala dhabuutin ykn qajeelfama fayyaa hawaasatiin hojjettoota isaa hir'iseef.
2. Sababa hojiin dhabameef sa'aatiiwwann hojii hir'achuu
3. Hojii irraa ari'amuu.
4. Ofii keetii hojii gadhiisuu
5. Sababoota biroo

Galiiwwan biroo gabaasamuu qaban qabdaa?

Yoo galiiwwan kee kan gabaasaman ta'uu isaanii hin barre, tarreeffama armaan gadii irraa fuula 27-28 Kitaaba Harkaa hojjettoota hoji-dhabeeyyii (Handbook for Unemployed Workers) (PDF, 2.9MB) ilaali.

Yeroo deebiwwan kee xumuurtu, sirnichi ni dubbata yookan ammoo ergaa "**Gaaffiin kee fudhatamee jira (Your claim has been accepted)**" jedhu agarsiisa.

Galiiwwan gabaafan kan hammatan:

1. Galii callaa dhaabbata kee irraa argame.
2. Kaffaltiiwwan bifa biroo maallaqa bakka bu'uu danda'an, kanneen akka kiraa ykn kutaa fi boordii fa'a.
3. Kaffaltiiwwan bifa kennaan hojii torbaan sana dalagameef kaffalaman.
4. Gorsawwan bifa kamiyyuu.
5. Boqonnaa bashannanaa, yeroowwan ayyaanaa, dhukkubaa kaffaltii wajjinii.
6. Kaffaltii HumEeggataa Humna Ittisaa yookaan Tika Biyyoolessaa yoo guyyaa sadii walitti aanan hojjatte ta'e.
7. kaffaltii tajaajila abbaa murtiitif.
8. Kaffaltii qorannoo hojiiwwan isteetii (kan fandiiwwan Gita IV hin dabalanne).
9. Kaffaltii qacaraa irraa dhufe kan akka kaffaltii duubaa (kan kaffaltii duubaa yeroo bade ykn beenyaa gaafatame irraa dhufe dabalatu) torbeewwan hojiin itti hojjatamaniif.

Yoo iyyata torbee kee irratti dogongora uumte

Yoo yommuu iyyata torbanii kee gabaastu dogongora uumte, "**iyyanni kee fudhatamee jiraachuu**" dhagahuu yookin arguu dura irra deebitee jalqabuu malta. Yeroo hedduu, yeroo iyyata galfattu carraa dogongoroota sirreessuu ni qabaatta.

Yoo dogongora kee erga iyyata torbee kee galchitee ***booda*** barte, ejentii iyyatawwaniitti bilbiluu yookan dubbisuu si barbaachisa. Dogongora sirreessuf 800-318-6022 irratti bilbili. Odeeffannoo qunnamtii giddugala iyyataa yeroo ammaatif fi sa'aatii itti deemamuuf: https://esd.wa.gov/unemployment/unemployed-workers-contact

Dogongora kee sirreessuf giddugala iyyannawwaniitti bilbiluu dhabuun kaffaltiidhaa ol kaffaluu fi faayidaalen kee akka dhorkaman taasisuu danda'a.

Gaaggilee nuti iyyata torbanii PUA kee irratti gaaffannu

Gaaffileen kunneen sababa COVID-19 kan namoota PUA dhaaf seera qabeessa godhaniidha. Gaaffilee amanamummaadhan deebisi. Isaan seera Deeggarsa Yeroo Koronaa, Gargaarsa Hatattamaa, fi Wabii Diinagdee (Corna Aids, Reliefs, and Economic Security, CARES) dhan gaafatamu akkasumas iyyannaawwan Kutaa Humna Hojjetaa U.S. (U.S. Department of Labor) dhan madaalamuu malu. Yoo ati kana booda PUA'f ulaagaa hin guunne, faayidaalee hoji-dhabdootatiif irra deebiitee iyyachuuf seera qabeessa ta'uu malta.

Gaaffileen kunneen kan faayidaa qaban torbee itti iyyataa jirtu qofaafi. Isaan dabalata gaaffilee iyyannaa torbee UI ti. Isaan gaaffilee eeyyee ykn lakkiiti. Qajeelfamni Hoji-dhabdummaa sababa COVID -19 keenya odeeffannoo dabalataa waa'ee gaaffilee fuula irratti eegalan kanneen deebisuu kenna.

Yoo iyyata PUA torbee karaa elektiroonika ta'een tajaajila eServices galchita ta'e, gaaffilee ulaagaa kanneen sarara irraan deebisuu dandeessa. Yoo iyyata kee karaa sirna bilbila ofiin dalaguu galchita ta’e, gaaffilee guutun battalatti deebistu siif ni ergina. PUA dhaf seera qabeessa ta'uuf, deebiwwan kee argachuu fi deebiwwan kee adeemsisuu qabna. Faayidaalee kee haala irratti hundaa'un yommuu deebii kee eegaa jirru siif kaffaluu malla, garuu yoo deebiiwwan kee gaaffilee argachuu baanne, deebistee nuuf ni kaffalta. **Yoo iyyata torbee kee karaa bilbilaa galfatte, gaaffileen kunneen hamma tokko garaagarummaa qabaachuu malu. Gaaffii kee torbanii PUA danda’amnaan akka karaa tajaajilaota intarneetii (eServices) galchitu jabeessinee si gorsina**.

Gaaffilee PUA dhaf seera qabeessa ta'uu fi qajeelfama

Kutaan Nageenya Qaxarrii sagantaa/mindeessaa carraa wal qixaati. Deeggarsi gargaarsaa fi tajaajiliiwwan gaaffirratti namoota miidhaa qabaniif ni

jira. Namoota dandeettii Afaan Inglizii muraasa qabaniif tajaajilli afaanii bilisaan ni argama. Tajaajila Dadabarsa Washington: 711